Qajeelfama Faayidaa Kiraa Manaa fi Yaalumsaa Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'anii Murteessuuf Qophaa'e, Lakkoofsa 13/2012

Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa aangoo fi hojii bal'aa seeraan itti kennamee karaa bu'aa qabeessa ta'een galmaan gahuuf ogeessoota dandeettii ol'aanaa fi naamusa gaarii qaban horachuu fi ogeessoota yeroo ammaa mana hojichaa keessatti jiran tursuuf akka isa dandeessisutti faayidaalee ogeessotni kun argachuu qaban karaa ulfaatina hojii fi saaxilamummaa amala hojichaa tilmaama keessa galcheen sirreessuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Haala qabatamaa qala'iinsa gabaa yeroo ammaa jiru tilmaama keessa galchuun kaffaltiin faayidaalee adda addaa Abbootii Alangaa fi ogeessota biroo muudamtoota Gumii ta'anii haala dhiibbaa jireeenyaa isaan qunnamaa jiru xiqqeessuun dirqama hojii isaanii haala barbaadameen raawwachuu akka danda'an taasisuun waan barbaachiseef;

Faayidaa kiraa manaa fi yaalumsaa Abbootii Alangaa Naannoo keenyaa kan ogeessota ogummaa fi hojii walfakkaataa irratti bobba'aniitiin akka walfakkaatu gochuun ogeessota dandeettii ol'aanaa qabanii fi muuxannoo horatan mana hojichaa keessa akka turan gochuun barbaachisaa ta'ee waan argameef;

Akkaataa Labsii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa Lakkoofsa 214/2011 Keewwata 27(2) tiin Qajeelfamni kanatti aanu Gumii Waliigalaa Bulchiinsa Abbootii Alangaa Naannoo Oromiyaatiin bahee jira.

## Kutaa Tokko

## Tumaalee Waliigalaa

1. Mata Duree Gabaabaa

   Qajeelfamni kun **"Qajeelfama Faayidaa Kiraa Manaa fi Yaalumsaa Abbootii Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamaa Gumii Ta'anii Lakkoofsa 13/2012"** jedhamee waamamuu ni danda'a.

2. Hiika

   Akkaataan jechichaa hiika biraa kan kennisiisuuf yoo ta'e malee, Qajeelfama kana keessatti:-

   1) **"Abbaa Alangaa"** jechuun ogeessa seeraa ogummaa Abbaa Alangummaatiin akka tajaajilu akkaataa Labsii Lakkoofsa 214/2011 fi Dambii Bulchiinsa Abbootii Alangaatiin muudame, Abbaa Alangaa Waliigalaa fi itti aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa akkasumas kaayyoo Qajeelfama kanaatiif Gorsitoota Abbaa Alangaa Waliigalaa kan dabalatuudha.

2) **"Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'an"** jechuun ogeessota hojii qorannoo yakka malaammaltummaa fi taaksiif hojjechuuf haala addaatiin gumiin muudaman ta'ee Ogeessa Calaltuu Odeeffannoo, Qondaala Funaanaa Odeeffannoo, Ogeessa Ooditii Ol'aanaa, Ogeessa Bittaa Olaanaa, Ogeessa Mahaandisii Olaanaa, Hojjetaa qabaa qabeenya bu'aa yakkaa kan dabalatuudha.

3) **"Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.

4) **"Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa"** jechuun itti aanaa hoogganaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa jechuudha.

5) **"Gumii"** jechuun Gumii Bulchiinsa Abbootii Alangaa bu'uura Labsii 214/2011 fi Dambii Ittiin Bulmaata Abbootii Alangaatiin hundeeffame jechuudha.

6) **"Magaalota Muummee"** jechuun bu'uura ramaddii magaalotaa seeraan tumameen Magaalaa Jimmaa, Shaashamannee, Adaamaa, Sabbataa, Bishooftuu, Burraayyuu, Dukamii fi Naqqamtee yoo ta'an, magaalota biroo seeraan yookiin murtii qaama aangoo qabuutiin sadarkaan kun kennameef kan dabalatu ta'ee hojiirra oolmaa qajeelfama kanaaf Magaalaa Harar kan dabalatu jechuudha.

7) **"Mana Hojii"** jechuun Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran jechuudha.

8) **"Naannoo"** jechuun Naannoo Oromiyaa jechuudha.

9) **"Ramaddii Sadarkaa Gita Hojii"** jechuun gosaa fi hanga faayidaa murteessuuf jecha akkaataa Qajeelfama kana keewwata 6 tiin gitoota hojii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi caasaa isaa sadarkaan jiruu jechuudha.

3. Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti jechi koornaya dhiiraatiin ibsame dubartiis ni dabalata.

4. Daangaa Raawwatiinsa

Qajeelfamni kun Abbootii Alangaa fi Ogeessota Muudamtoota Gumii ta'anii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Caasaalee isaa sadarkaan jiran keessatti hojjatan hunda irratti raawwatiinsa ni qabaata.

## Kutaa Lama

## Faayidaa Kiraa Manaa fi Yaalumsaa Abbaa Alangaa fi Ogeessota Biroo Muudamtoota Gumii Ta'anii

5. Kayyoo

Kaayyoon faayidaa kiraa manaa fi yaalumsaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee kanneen armaan gadii ta'a:

1) Dhiibbaa qaala'iinsa jireenyaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee miidhaa jiru salphisuu;
2) Saaxilamummaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee sababa gosaa fi ulfaatina hojii isaatiin dhufu xiqqeessuu;
3) Faayidaan Abbaa Alangaa naannoo Oromiyaa akka biyyaattis ta'ee akka naannoo keenyaatti Ogeessota ogummaa walfakkaatu keessa jiraniin akka walfakkaatu gochuu; fi
4) Ogeessota beekkumsaa fi dandeettii qabanii fi Mana Hojichaatiif bu'aa buusuu danda'an tursiisuudha.

6. **Ramaddii Sadarkaa Gita Hojii**
    1) Gosaa fi hanga faayidaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamtoota Gumii ta'ee murteessuuf jecha gitootni hojii isaanii sadarkaa 1ffaa hanga 4ffaatti kan qoodamu ta'a.
    2) Ramaddiin gitoota sadarkaa hojii Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee **miiltoo 1ffaa** Qajeelfama kanaan walqabate keessatti kan ibsame ta'a.
    3) Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame sadarkaa gitoota hojii miiltoo keewwata kana keewwata xiqqaa 2 jalatti ibsamee fooyyessuu yookiin haaraa dabaluu ni danda'a.
7. **Faayidaa Kiraa Mana Abbaa Alangaa fi Ogeessa Biroo Muudamaa Gumii Ta'ee**
    1) Abbaan Alangaa fi Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'e kamiiyyuu faayidaa kiraa mana jireenyaa Qajeelfama kana keessatti tumame kan argatu ta'a.
    2) Manni Hojichaa dursee baajatni akka qabamu taasisuun faayidaa kiraa mana jireenyaa Qajeelfama kanaan murtaa'e Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo Muudamaa Gumii ta'eef ji'a ji'aan kaffaluu qaba.
    3) Hangi faayidaa kiraa mana jireenyaa Hooggantoota, Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee **miiltoo 2ffaa** Qajeelfama kanaan walqbatee keessatti kan ibsame ta'a.
    4) Akkaataa Qajeelfama kana keewwata 6(2 fi 4) jalattii tumame jiraachuun durgoo kiraa manaa akkaataa keewwata 7(1) jalatti tumame hin dabsiisu.
8. **Mana jireenyaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa**
    1) Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa, Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif Mana jireenyaa pirotokoolii fi Sadarkaa isaa eeggate Magaalaa Finfinnee keessatti naannoo nageenya isaaniif amansiisaa ta'e kireeffachuudhaan yookiin mootummaa irraa gaafachuudhaan kan dhiyeessu ta'a.
    2) Kan keewwata kana keewwata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma jirutti ta'ee, Manni Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaaf mana jireenyaa dhiheessuu yoo hin

dandeenye hanga dhiheessutti ji'atti mataa mataatti ji'atti durgoo kiraa mana jireenyaa qarshii 30,000 (kuma soddoma) ni kaffala.

3) Manni Hojii Abbaa Alangaa mana jireenya kireeffachuudhaan yookaan mootummaa irraa argachuun yoo dhiheesse kiraa manichaa, baasii ibsaa fi bishaanii fi akka haala isaatti baasii haaromsa salphaa manichaa barbaachisaa ta'e kan kaffalu ta'a.

9. **Faayidaa Yaalumsaa**

1) Abbaan Alangaa, Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'ee fi maatiin isaan waliin jiraatu akkaataa Qajeelfama kanaatiin faayidaa yaalumsaa biyya keessatti kan argatu ta'a.
2) Manni Hojichaa dursee baajatni akka qabamu taasisuun kaffaltii yaalumsaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee fi maatii isaanii raawwachuu qaba.
3) Faayidaan yaalumsaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee baasii gosa dhukkubaa kamiiyyuu kan haguugu ta'ee, baasii yaala idilee, gorsa ogeessa fayyaa, qorannoo fayyaa keessoo qaamaa meeshaa teeknolojii kamiinuu taasifamu, qorannoo laaboraatorii, ciisanii yookiin deddeebi'anii yaalamuu, yaalumsa baqaqsanii hodhuu, baasii qorichaa, deeggarsa xiinsammuu, yaala idilee dhukkubbii ilkaanii, fiiziyoo teeraappii, yaala rakkoo tasaa, yaala miidhaa balaa, baasii yaala addaa(special medical care), baasii da'uumsa dubartootaa fi talaallii daa'immanii kan dabalatuudha.
4) Gaaffiin kaffaltii baasii yaalumsaa bu'uura keewwata kanaatiin dhiyaatu bara baajataa yaalumsi itti kennametti ta'uu qaba. Gaaffiin bara baajataa yaalumsi itti kenname booda dhiyaatu fudhatama hin qabu.
5) Gosti yaaluumsaa fi Dhibbeentaan baasii uuwwisa yaaluumsa hayyamame Miiltoo 3ffaa Qajeelfama kanaan walqabate keessatti kan ibsame ta'a.

6) Hangi kaffaltii yaalumsaa Abbaa Alangaa, Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee fi maatii isaanitiif raawwatamuu **miiltoo 4ffaa** Qajeelfama kanaan walqabate keessatti kan murtaa'e ta'a.
7) Raawwii keewwata kanaatiif jecha **"maatii"** jechuun haadha warraa yookiin abbaa warraa yookiin ijoollee (kan guddifachaa dabalatee) umriin isaanii waggaa 23 hin caalle jechuudha.
8) Hangi faayidaa yaalumsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsitoota Abbaa Alangaa Waliigalaa akkaataa Miiltoo 4ffaa keessatti ibsameen ta'a.

10. **Akkaataa Baasiin Yaalumsaa Itti Kaffalamu**

1) Abbaan Alangaa, Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'ee yookiin maatii isaanii dhaabbata Fayyaa beekkamtii qabuun erga yaalaman booda nagahee dhiyeeffachuun gaaffii baasii yaaluumsa bakka buusifachuu dhiyeeffachuun kaffaltii baasii yaalumsaa kan argatan ta'a.

2) Gaaffiin tajaajila kanaaf dhiyaatu yaala argatee ji'oota sadi keessatti yoo dhiyaate malee Manni Hojichaa kaffaltii raawwachuuf hin dirqamu.

3) Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'e yookiin maatiin isaanii hanga maallaqa baasii yaalumsaaf hayyamameen ol kan baase yoo ta'e, garaagarummaa uumamu ofii isaatii kan uuwwifatu ta'a.

4) Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'e faayidaa yaaluumsaa maatii isaatiif jecha miseensa maatii isaa uunkaa dhimma kanaaf qophaa'e guutee ragaa dhalootaa fi suuraa isaanii galmee dhuunfaa isaa Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaatti qabsiifachuu qaba. Maatii isaa keessa jijjiramni haaraa yoo mudate galmee dhuunfaa isaa keessatti akka galmaa'u beeksisuu qaba.

11. Faayidaa Yaalumasaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa

1) Faayidaa yaaluumsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa biyya alaa fi biyya keessatti baasii Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaatiin (mootummaatiin) kan yaalaman ta'a. Haala addaatiin gumiidhaan yoo murtaa'e malee yookiin gorsa haakimaatiin yoo ta'e malee, biyya alaa yaalumsaaf deemanuun biyyoota hooggantoota mootummaa ol'aanoo akka deemanii yaalaman akka mootummatti yookiin seeraan kan murtaa'u ta'a.

2) Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa yaalamuuf biyya alaa yeroo deeman baasii geejjibaa, durgoo oolmaa fi baasii biraa barbaachisan, mataa isaanii fi mana isaan deeggaruuf waliin deemu tokkoof Manni Hojii yookiin mootummaan kan uwwifamu ta'a.

3) Maatiin Abbaa Alangaa Waliigalaa, Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa fi Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaatiif baasii yaalumsaa biyya keessaa guutumaatti Mana Hojii Abbaa Alangaatiin kan uwwifamu ta'a.

4) Raawwii keewwata kanaaf jecha "maatii"jechuun haadha manaa yookiin abbaa manaa fi ijoollee (kan guddifachaa dabalatee)umriin isaanii waggaa 23 kan hin caalle jechuu dha.

12. Baasii Yaalumsaa Miidhaa Hojii

1) Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'e miidhaan sababa hojiin walqabatu irra yoo dhaqqabe baasii yaalumsa biyya keessaa guutuu Mana Hojichaa irraa argachuuf mirga qaba.

2) Kaayyoo keewwata kana keewwata xiqqaa tokkootiif jecha *"Miidhaa sababa hojiitiin walqabatu"* jechuun balaa hojii irratti dhaqqabu yookiin dhibee sababa hojiitiin dhufu jechuudha.

3) *"Balaa hojii irratti dhaqqabu"* jechuun Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi Biroo Muudamaa Gumii ta'e hojii idilee isaa osoo raawwachaa jiruu yookiin hojii isaa hojjechuuf sochii yookiin tattaaffii taasisaa jirutti lubbuu yookiin qaama isaa irratti miidhaa tasaa sababa isaatti hin hirkifamneen gahu ta'ee, kanneen armaan gadii ni dabalata:

*(a)* Hojii idilee isaa irra, iddoo hojii isaa yookiin sa'aatii hojii idileetiin alatti hojii mana hojichaaf jecha osoo sochii irra jiru yookiin hojii irra jiru miidhaa yookiin balaa irra dhaqqabe;

*(b)* Balaa tasaa osoo gara bakka hojii isaatti deemu yookiin bakka hojii isaatii osoo deebi'aa jiru yookiin bakka hojii idilee isaattii osoo hojiirra jiruu yookiin saa'aatii hojii boqonnaatti balaa yookiin miidhaa dhaqqabe;

*(c)* Haala fi bakka kamiittuu hojii Mana Hojichaan walqabatee osoo raawwachaa jiru miidhaa yookiin balaa dhaqqabu.

4) *"Dhibee sababa hojiitiin dhufu*" jechuun amala hojii Abbaa Alangummaa yookiin Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'e irraa yookiin mijaa'ina dhabuu naannoo hojii irraan kan ka'e haalota dhibee dhaqqabsiisaniif saaxilamee turuun isaatiin rakkoo fayyaa irra gahe boordii ogeessota yaalaan kan mirkanaa'e yoo ta'u, dhukkuboota duraan turan yookiin daddarboo idilee iddoo hojiitti dhaaqqabuu danda'an hin dabalatu.

5) Keewwata kana keewwata xiqqaa 4 jalatti kan tumame akkuma jirutti ta'ee, Gumiin Waliigalaa qorannoo irratti hundaa'uun dhibee sababa hojiitiin dhufu murteessuu ni danda'a.

6) Manni Hojichaa baajata qabachuudhaan baasiin miidhaa hojiin walqabatu Abbaa Alangaa yookiin Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'eef kan raawwatu ta'a.

7) Bu'uura keewwata kana keewwata xiqqaa 6tiin baasiiwwan bakka buufaman baasii geejjibaa fi kan yaaluumsa addaa dirqama barbaachisaa ta'uun isaa ogeessa yaalaatiin mirkanaa'e kan akka qaama namtolchee ni dabalata.

13. Baasii Uuwwisa Dahumsaa

Manni Hojiichaa Abbaan Alangaa yookiin ogeessi biroo muudamaan Gumii dubartii ta'an bara baajatichaa keessatti dahanii ragaa mana yaalaa irraa dhiyeessaniif kaffaltii baasii dahumsaa kan raawwatu ta'a. Haala kaffaltii ilaalchisee Gumiin Waliigalaa qorannoo irratti hundaa'ee ulaagaa ni baasa.

Kutaa Sadi

Tumaalee Adda Addaa

14. Faayidaa Abbaa Alangaa fi Ogeessa Biroo Muudamaa Gumii Ta'ee Muudama Dabalataa Qabanii

Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi biroo Muudamaa Gumii ta'e kamiiyyuu sadarkaa mana hojii itti hojjatutti yookiin sadarkaa ol'aanuutti muudama dabalataatiin ramadamee kan hojjatu yoo ta'e, faayidaan kiraa manaa fi yaalumsaa sadarkaa duraan irra tureen argatu kan caalu yoo ta'e malee, faayidaan inni argatu faayidaa gita muudama dabalataa sanaaf hayyamame ta'a.

15. Du'aan Boqachuu Abbaa Alangaa yookiin Ogeessa Biroo Muudamaa Gumii Ta'ee

Abbaan Alangaa yookiin Ogeessi biroo muudamaa Gumii ta'e tokko bara hojii isaa irra jirutti du'aan kan boqate yoo ta'e:

1) Faayidaan kiraa mana jireenyaa kan ji'a jahaa (6) yeroo lamatti mana hojichaatiin maatii isaatiif kan kaffalamuuf ta'a.
2) Maatii Abbaa Alangaa yookiin Ogeessa biroo muudamaa Gumii ta'ee du'aan boqateef kaffaltiin yaalumsaa bara baajataa itti aanan lamaaf kan kaffalamuuf ta'a.

16. Nagahee Sobaa Dhiyeessuu

Namni bu'uura Qajeelfama kanaatiin fayyadamaa ta'e kamiiyyuu faayidaa isaaf hin malle argachuuf yookiin nama biraatiif argamsiisuuf yaadee ragaa, odeeffannoo, sanada yookiin nagahee sobaa qopheessee yookiin dhiyeessee yookiin gocha waliin dhahuu raawwatee yoo argame yookiin namni osoo beeku qooda keessatti fudhate faayidaa seeraan ala argate yookiin nama biraatiif argamsiise Mana Hojichaaf yookiin qaama miidhaan irra gaheef deebisuun isaa akkuma eeggametti ta'ee, seerota rogummaa qabaniin ni gaafatama.

17. Fayidaaleen Gibira Irraa Bilisa Ta'uu

Faayidaaleen kiraa mana jireenyaa fi yaalumsaa bu'uura Qajeelfama kanaatiin murtaa'an gibira irraa bilisa ta'u.

18. Aangoo Qajeelfamicha Fooyyessuu

Gumiin Waliigalaa barbaachisaa ta'ee yoo argame Qajeelfama kana fooyyeessuu ni danda'a.

19. Seerota Haqamanii fi Raawwatiinsa Hin Qabaanne

1) Qajeelfamni Faayidaa Abbootii Alangaa Lakkoofsa 9/2006 keewwatni 6 Qajeelfama kanaan haqamee jira.
2) Qajeelfamnii fi barmaatileen hojii Qajeelfama kanaan walfaallessan kamiiyyuu dhimmoota Qajeelfama kana keessatti hammataman irratti raawwatiinsa hin qabaatan.

20. Yeroo Qajeelfamichi Hojiirra Itti Oolu

Qajeelfamni kun Adoolessa 1, bara 2012 irraa eegalee hojiirra kan oolan ta'a.

Finfinnee, Waxabajjii 10, Bara 2012

Daani'eel Assaffaa

Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa fi Walitti Qabaa Gumii Waliigalaa

Miiltoo 1ffaa- Ramaddii Gitoota Hojii (Ittigaafatamummaa) Manneen Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa

| SADARKAA MANA HOJII | SADARKAA RAMADDII | GITA HOJII/ITTI GAAFATAMUMMAA | IBSA DABALATAA |
|---|---|---|---|
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa | Ramaddii 1ffaa (R1) | ○ Abbaa Alangaa waliigalaa,<br>○ Itti Aanaa Abbaa Alangaa Waliigalaa<br>○ Gorsaa Abbaa Alangaa Waliigalaa | |
| | Ramaddii 2ffaa (R2) | ○ Itti gaafatamtoota waajjiraa sadarkaa naannoo,<br>○ Daarikteerota,<br>○ Gaggeessitoota dhaddachaalee,<br>○ Qindeessitoota muudamaa Gumii ta'an;<br>○ AbbootiiAlangaa Naannoo; | Muudamtoota kan biroo sadarkaa gitoota kana keessaa tokkootiin wal gitu muudamanis ni dabalata. (Gumii Waliigalaatiin kan murtaa'u) |
| | Ramaddii 3ffaa (R3) | ○ Ogeessota kan akka qondaala fuunanaa odeeffannoo, ogeessa calaltuu odeeffannoo, dirqisiisa, qabduu ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa, oggeessa bittaa ol'aanaa, ogeessa oditii ol'aanaa fi mahaandisaa. | |
| | Ramaddii 4ffaa (R4) | ○ Raawwataa bulchiinsa ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa | |
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa | Ramaddii 1ffaa (R1) | ○ Itti gaaftamtoota Mana Hojii Abbaa Alangaa Godinaa; | |
| | Ramaddii 2ffaa (R2) | ○ Abbootii Adeemsaa muudamaa gumii ta'an,<br>○ Qindeessitootaa Garee muudamaa gumii | |

| | | | |
|---|---|---|---|
| | | ta'an;<br>o AbbootiiAlangaa Godinaa; | |
| | Ramaddii 3ffaa<br>(R3) | o Ogeessota kan akka ogeessa simannaa odeeffannoo yakka malaammaltummaa, qondaala fuunanaa odeeffannoo, qabduu ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa. | Muudamtoota kan biroo sadarkaa gitoota kana keessaa tokkootiin wal gitu muudamanis ni dabalata. (Gumii Waliigalaatiin kan murtaa'u) |
| | Ramaddii 4ffaa<br>(R4) | o Raawwataa bulchiinsa ciraa fi qabeenya bu'aa yakkaa | |
| Mana Hojii Abbaa Alangaa Aanaa | Ramaddii 1ffaa<br>(R1) | o Itti gaafatamaa Waajjiraa | |
| | Ramaddii 2ffaa<br>(R2) | o Abbootii Alangaa Aanaa | Muudamtoota kan biroo sadarkaa gitoota kana keessaa tokkootiin wal gitu muudamanis ni dabalata. (Gumii Waliigalaatiin kan murtaa'u) |

Miiltoo 2ffaa Hanga Faayidaa Kiraa Mana Jireenyaa Abbootii Alangaa fi Ogeessoota biro Muudamtoota Gumii

| Sadarkaa Ramaddii | Mana Hojii Abbaa Alangaa Waliigalaa Oromiyaa (MHAAWO) | | Manneen Hojii Abbaa Alangaa Godinaa (MHAAG) | | | Manneen Hojii Abbaa Alangaa Aanaalee (MHAAA) | |
|---|---|---|---|---|---|---|---|
| | MHAAWO | Dhaddacha Dhaabbii (MHAAWO) | MHAA GAONF (Finfinnee) | MHAAG (Magaalo ota Mummee) | MHAAG Magaaloota muumeen ala jiran | Manneen Hojii Abbaa Alangaa Magaaloota Mummee | Manneen Hojii Abbaa Alangaa Magaaloota muummeen ala jiran |
| Ramaddii 1ffaa | Akkaataa Qajeelfamic ha keewwata 8(2)tiin | ~ | 7,300 | 6,570 | 5,585 | 4,035 | 3,430 |
| Ramaddii 2ffaa | 8,500 | 6,800 | 6,800 | 5,100 | 4,335 | 3,132 | 2,662 |
| Ramaddii 3ffaa | 6,375 | ~ | 5,100 | 4,080 | 3,264 | | |
| Ramaddii 4ffaa | 4,781 | ~ | 3,825 | 3,060 | 2,448 | | |

Miiltoo 3ffaa:- Gosa Yaaluumsaa fi Dhibbeentaa Baasii Uwwisa Yaaluumsa Hayyamame

| Lakk. | Gosa Yaaluumsaa (Tajaajila) | Tajaajila Kennamu, Hanga Isaa, fi Tajaajila Hin kennamne |
|---|---|---|
| A. Uwwisa Bu'uuraa(Basic coverages) | | |
| 1 | Baasii Geejjibaa | o Baasii Ambulaansii (lafaa) gara hospitaala dhihoo yookiin hospitaala hakiimaan itti qajeelfametti deemuuf %100 ni uwwifama.<br>o Baasii geejjiba ummataa ykn dhuunfaa – hin uwwifamu.<br>o Baasii Ambulaansii qilleensaa- Hinuwwifamu. |
| 2 | Baasii ogeessa yaalumsaa argachuu (consultation fees) | o Laabraatorii fi qorannaa gosa garaagaraa - %100 nama tokkoof bara baajataa tokkotti yeroo lama kan hin caalle yoo ta'e, yeroo lamaa ol yoo ta'e %80<br>o Qorannaa fi gorsa dhukkuba HIV-%100 qorannaa 2 bara baajetaa tokko keessatti tokko keessatti (ajaja haakimaa dhiheesuun kan hin barbaachifne) |
| 3 | Baasii qorannoo osoo hin dhukkubsatiin haala waliigalaa ofii beekuuf taassifamu (General periodic cheek up) | o Hin uwwifamu |
| 4 | Waldhaansa hakiimaatiif (Treatment) | o Baqaqsanii hodhuu dabalatee waldhaansa bifa garaagaraatiin kennamu ajaja haakimaatii (surgery, chemotherapy, radiotherapy, haemodialysis)-%100<br>o Yaala xinsammuu ajaja haakimaatiin (psychotherapy and speech therapy)-%100 |
| 5 | Waldhaansa haakimaatiif (Tereatmanent) | o Baqaqsanii hodhuu dabalatee waldhaansa bifa garaagaraatiin kennamu ajaja haakimaatii (surgery, chemotherapy, radiotherapy, haemodialysis)-%100<br>o Yaala fiiziyootiraappii haakimaan yoo ajajame (Pyysitherapy and speech therapy)-%100 |

| | | |
|---|---|---|
| 6 | Waldhaansa ijaa | ○ Qorannaa ijaa bara baajetaa tokkotti yeroo tokko -%100, yeroo tokko ol yoo ta'e -%80 |
| 7 | Waldhaansa Ilkaanii | ○ Waldhaansa Ilkaanii dhukkubaaf taassifamu ykn sababa balaatiin kennamu qofa ajaja haakiimaatiin yoo ta'e ( including dental filling)-%100 |
| 8 | Talaallii Daa'immanii | ○ Ajaja haakimaa otoo hin barbaachifne-%100 |
| 9 | Waldhaansa ulfaa fi da'umsaan wal-qabatu | ○ Hin uwwifamu |
| 10 | Bittaa qorichaa | ○ Qorichoota haakimaan ajajaman-%100<br>○ Meeshaalee deeggarsa waldhaansaaf hospitaala keessatti barbaachisan bituuf-%100 |
| 11 | Baasii siree ciisichaa mana yaalaa (Bed and boarding) | ○ Baasii siree ciisichaa mana yaalaa ajaja haakimaatiin yoo ta'e -%100<br>○ Tajaajilli nyaataa waldhaanamaa-Hin uwwifamu<br>○ Baasiin nama dhukkubsataa gargaaruu- hinuwwifamu |
| B. Uwwisa Yaalaa Dabalataa(additional Coverage) | | |
| 1 | Baasii ulfaafi dahumsaa | ○ Ajaja haakimaatiin yoo ta'e -%100 (Abbaa Alangaa/ogeessota dubartii ta'an malee maatii hin dabalatu) |

Miiltoo 4ffaa. Baaxii Baasii Yaalumsaa Ykn Uwwisa Yaalumsaa

| Sadarkaa Mana Hojii | Ramaddii Gita Hojii | Hanga Uwwisa Bu'uraa | | Hanga uwwisa baasii ulfaa fi dahumsaa | Ibsa dabalataa |
|---|---|---|---|---|---|
| | | Abbaa Alangaa ykn ogeessa biroo | Maatii A/Alangaa ykn muudamaa biroo (miseensa maatii hundaaf) | Abbaa Alangaa ykn ogeessota biroo qofaaf (maatii isaanii hin dabalatu) | |
| MHAAWO | R1 | Haala murtii mana marii bulchiinsaatiin | Haala murtii mana marii bulchiinsaatiin | Haala murtii mana marii bulchiinsaatiin | |
| | R2 | 10,000 | 5,000 | 3,000 | Baajata Mana Hojii |

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| | R3 | 10,000 | 5,000 | 3,000 | “ |
| | R4 | 10,000 | 5,000 | 3,000 | “ |
| MHAAG | R1 | 10,000 | 2,500 | 3,000 | “ |
| | R2 | 7,500 | 2,500 | 3,000 | “ |
| | R3 | 7,500 | 2,500 | 3,000 | “ |
| MHAAA | R1 | 7,500 | 2,500 | 3,000 | “ |
| | R2 | 5,000 | 2,500 | 3,000 | “ |